# GARGAARSAA FI ODEEFFANNOOF

## ODEEFFANNOO TIRAANZIIT KOKOLAACHISUUF

**King County Metro Transit**
Odeeffannoo konkolaachisuuf (206) 553-3000
www.kingcounty.gov/metro
Twitter @kcmetrobus

**Community Transit**
(425) 353-7433 (RIDE)
www.communitytransit.org
Twitter @MyCommTrans

**Pierce Transit**
(253) 581-8000
www.piercetransit.org
Twitter @PierceTransit

**Sound Transit**
1 (888) 889-6368
www.soundtransit.org
Twitter @SoundTransit

**Amtrak**
1 (800) 872-7245
www.amtrak.com

## MANNEEN BARNOOTAA

Jijjurama guyyaa fi sagantaa manneen barnootaa itti cufamu ilaalchisee odeeffannoo argachudhaf buufata raadiyoo fi televizyinii naannoo hordofa. Manni barnootaa naannoo haala cabbii ilaalchisee odeeffannoo tamsaasus hordofu keesaan hubadha.

**Seattle Public Schools**
www.seattleschools.org
Twitter @seapubschools

## AFAAN FILANNOO BIRAAN

**Odeeffannoo afaan ingiliffaan alaaf**
www.seattle.gov/transportation/winterweather.htm

## SUPHAA DAANDII

**Seattle Department of Transportation**
(206) 684-7623 (ROAD)
www.seattle.gov/transportation
Twitter @seattledot

**King County Road Services Division**
Suphaa karaa (206) 296-8100
www.kingcounty.gov/transportation/kcdot/roads

**Magaalota qarqara**
Qajeelfama hojii hawaasaa ykn karaa magaalaa keetti bilbili.

## HANQINA IBSAA

**Seattle City Light**
(206) 684-3000
www.seattle.gov/light
Twitter @SEACityLight

**Puget Sound Energy**
1 (888) 225-5773
www.pse.com
Twitter @PSETalk

## DAANDII FI HAALA FE'UMSAA

**Washington State Department of Transportation**
Haala karaa baruuf, 511 bilbili
www.wsdot.wa.gov/traffic
Twitter @wsdot_traffic

**Washington State Ferry Information**
Biyyaalessa bilbili 511
Siyaatil keessatti (awutoomeetidii) (206) 464-6400
www.wsdot.wa.gov/ferries
Twitter @wsferries

**2019-2020**

Seattle Department of Transportation

# QILLEENSA GANNAA





OROMO

# ROOBA GANNAA – KUN KAROORA KEENYA

Siyaatil keessatti, ganni rooba cimaa, obomboleettii, cabbii geessisa. Nutis haalota Kana nii hordofna.

- Hojjettoonni keenya gabaasa qilleensaa guyyaatti sa'atii 24 waggaa hundumaaf Sarara Tajaajila Haala Qilleensaa Qixaan fi raadaarii Dooppilariin ni hordofu.
- Sinoowaach kan jedhamu meeshaa raja qilleensaa Yuunivarsiitiin Waashingtan qopheesse fayyadamnee akkamiin roobni dhufu olla adda addaa irratti dhiibbaa fiduu danda'u nu barsiisa. Odeeffannoon kun humni namaa dursa eessatti akka barbaachisu baruuf nu gargaara.
- Riqichoota magaalaa irratti seensaroonni dhaabaman fi seensaroonni lafa irratti dhaabatan haala ho'a daandiiwwanii fi qilleensaa sirrii fi yeroon nuun gahu.
- Daandiiwwan baayee barbaahisaa ta'an irratti yeroo sirrii, kaameeraa qixaa dhaabuun hordofna. Waraabbii kaameeraa kanaa weebsaayitii SDOT irraa ilaaluu ni dandeessu, www.seattle.gov/travelers.

Magaalaan Siyaatil cabbie fi obomboleettii salphisuuf adeemsa hatattamaa hordofti:

- Hojjettoonni SDOT konkolaataa gasoo fi ashaboo raabsituu qabatanii daandiiwwan ijoo qulleessu.
- Cabbiin osoo roobuu hin eegaliin, hojjettoonni daandiiwwan fi riqichoota ijoo dursanii cabbie dhabamsiistuun naquun cabbiin akka hin uumamne ittisu.
- Cabbiin roobuu yeroo eegalu, hojjettoonni daandii irra deemuun bakka barbaachisaa ta'etti ashaboon yaalu. Tilmaamaan cabbiin iinchiin tokko furdatu yeroo uumamu, fottoqsuu eegalu.
- Yeroo cabbiin uumamu, Saatalaayitiin Qaroo Giloobaalii (GPS) bakka konkolaatonni jiran agarsiisa. Maappiin SDOT weebsaayitii irra jiru ammallee konkolaatonni kun eessa akka jiran fi daandiiwwan kam akka hojjetaman agarsiisa. Yeroo roobaa, maappii kana weebsaayitii keenya irraa ilaaluu dandeessu web6.seattle.gov/sdot/winterweathermap

# YEROO ROOBNI NUTTI DHUFU – QOPHII IRRA JIRRA

Daandiiwwan ijoo ta'an ni fottoqsina. Kunneen daandiiwwan dhaabbilee tajaajila hawaasaaf Baay'ee barbaachisoo ta'an kanneen akka hospitaalaa, fi manneen barnootaa geessan, Daandiiwwan yeroo baay'ee poolisiif tajaajilan, konkolaataa ibidda balleessanii fi baasii Akkasumas daandiiwwan qacartoota Siyaatil guguddaatti nama geessan faa dha. Daandiiwwan barbaachisummaa ijoo hin qabne hin fottoqsinu.

- Yeroo gannaaf kan qophoofnu yeroo bonaa ti: hojjettoota leenjisuu, meeshaalee hojjechiisuu, fi qaamolee ejensii naannoo waliin hojjechuu dha.
- Obomboleettiin ykn roobni cimaan yeroo raajamu, hojjettoonni keenya mukkeen Jiganii daandii irraa kaasuuf utubaalee jigan kaasuuf qophii dha.
- Dhiyeessiin ashaboo fi dhangala'aan cabbi fashaleessan cabbiin daandiiwwan fi Riqichoota ijoo Magaalittii irratti akka hin uumamneef nuuf dhiyaatu

# WEEBSAAYITOOTA SDOT ODEEFFANNOO BARBAACHISOO WALIIN

www.seattle.gov/transportation/winterweather.htm
https://takewinterbystorm.org/
www.seattle.gov/travelers
Twitter @SDOTtraffic
sdotblog.seattle.gov
www.seattletraffic.org

# DHIIBBAAWWAN IMALA - CUCUFACHUU SIYAATIL

Ji'oota Bonaan alatti, akkamitti akka namoonni karaa deeman itti deddeebiyan waggaa guutuu haalaan jijjiiramaa jira. Magaalaan Siyaatil rakkoo tiraafikaa hamaa jaarraa haarawaa keessa jirti. Waggoota shanan itti aanan keessa, handhuurri magaalaa Siyaatil fedhiiwwan magaalaa keenya guddachaa jirtuu guutuudhaaf jecha haala itti jijjiirama ce'umsaa keessa galtutu jiraata. Injiinaroonni geejjibaa/ tiraanispoortii yeroo ce'umsaa kana Waqtii Cuccufachuu Ol Aanaa jedhaniiru. Yeroo kana keessatti, kutaaleen hawwaasaa naannawaafi handhuura magaalattii keessa deeman ijaarsa dabaluu malu kan akka daadiin dabalataan cufamuufi duubatti harkifatu taasisan akka caalmaatti daadniin cuccufatuuf sababa ta'aniin dhiibbaan irra ga'a.

**Akkaataa ittiin Deddeebitan Jijjiiruudhaaf Sadarkaawwan Sasalphaa Shan maal faadha?**

1. Dursitanii karoorsuun daandiiwwan magaalaa walakkaa keessa ucufannaan sababa tiraafikaa jiraachuu akka malu eegaa.
2. Bakka ga'uu barbaaddan sana ga'uudhaaf yeroo dabalataa ofiif kennaa.
3. Malawwan geejjibaa haaraa kan akka miilaan deemii, bishkiliitii, ykn konkolaataa ummataan deemuu ykn daandii baabura salphaa yaalaa. Yoo danda'ame qofaa konkolaachisuu dhiisi.
4. Yeroo #SeattleSqueeze ta'utti akkamitta akka deddeebitanirratti malaafi odeeffannoo isin barbaachisuuf marsariitii www.seattle.gov/traffic daawwadhaa.
5. Imaltoota birootiif obsaafi gara laafummaa qabaadhaa. Nuti hundinuu walumaan kana keessa jirra!

Yeroo daandiin cuccufachuu cimaa ta'e mudachuu malu kana keessatti amma danda'ame dhiibbaa inni uumuu danda'u hir'isuudhaaf Magaalaan Siyaatiliifi WSDOT waliin ta'anii ni hojjetu.

# QARQARAWWAN DAANDIIRRAA CABBII SHISHIIFIIFI CABBII KATTA'AA MAQSUU

Waan Zooniin Pujet Saawund Konverjens haala qilleensaa tilmaamuun hin danda'mne akkasii uumuuf, bakkawwan daandii ummataa qulqulleessuu keessatti jiraatota irratti hundoofna. Dhugaadhumatti, Koodiin Qopheessa Magaalaa Siyaatil (Seattle Municipal Code) Mata-dureen (Title) 15 abootiin qabeenyaafi kontiraakteroonni kaasaniifi qulqulleessaniif ykn daandiiwwan ummataa isaanitti dhiyoo jiru akka suphan gaafata.

Mata-dureen (Title) 15 jalatti, qarqarawwan daandiifi qaamoota daandii ummataa biroo qabeenya isaanii dhuunfaatti dhiyoo jiru yeroo isaa eeganii kuniinsuun itti gaafatamummaa abbootii qabeenyaafi warra keessa jiraatan (kan akka kontiraakteraa) ti. Cabbii shishifaa osoo hin gara cabbie katta'aatti hin jijjiiramiin qulqulleessuuniibaayyee filatamaafi batoo akaafaafi borsaa soogiddaa tokko harkatti qabachuun qophii gaarii yeroo waqtii Winteriidha.

# ODEEFFANNOO SAFFISAA HAALA QILLEENSA GANNAA

## UFFATA GANNAA UFFADHAA




## OLLAA GARGAARAA:

- Qarqara daandii qulqulleessaa
- Suuqiwwanii, dhiyeessiwwan



## SDOT CABBII FI CABBII KUUFAMAA DAANDIIWWAN GURRGUDDOO IRRAA NI QULQULLEESSA



## QARQARA DAANDII HARCA'A BAALAA, KUUFAMA CABBII FI CABBII IRRAA QULQULLEESSAA




## SAGANTAA BAKKA BUUFATA AWUTOBISII YEROO CABBII BEEKAA AWUTOBISII YAABBADHAA




## HAALA RAAGA QILLEENSAA CAQASAA



## "MALLATTOOWWAN DAANDIIN" CUFAMUU AGARSIISAN KABAJAA




## KONKOLAATAA:

- Cabbii kuufamaa irra yeroo barbaachisaa ta'e qofa konkolaachisaa
- Fooddawwan qulqulleessaa
- Goommaa gaarii filadhaa; meeshaalee mucucaa qopheeffadhaa
- Suuta konkolaachisaa
- Konkolaattota gidduu iddoo bal'aa hanbisaa



## MAAPPIIN MAAL AGARSIISA

(mee maappii fuula lamaan irra jiran ilaali, walakkeessa Kaabaa fi walakkeessa kibbaa magaalittii.)

Karaan cabbie SDOT daandii tokkoon tokkoof haga tajaajilaa karoorfaman agarsiisa malee daandiin kam dura akka fottoqsamu miti. Magaalaa Siyaatil keessatti daandiiwwan baayee ijoo tahaniif tajaajila olaanaa kennina. Bulchiinsi riqichoota I-5 ni supha. Daandiiwwan kun kan filataman olla Siyaatil kan quunnamsiisan wiirtuu fi naannoo Puujeet Saawundii waan walitti fidaniif dha. Daandiiwwan kun dhaabbilee hawaasummaa akka hospitaala, manneen barnootaa, poolisiif, konkolaataa balaa ibiddaaf, baasiif fi qacartoota Siyaatilitti waan geessaniif filatamoo dha. Yeroo cabbiin magaalaa irratti roobu, tarsiimoon SDOT sochiin tiraafikaa akka hin dhaabanneef tajaajila yeroo wal qixaatti kennuu dha.

Kana yaadadhu, SDOTn daandiiwwan barbaachisumaa xixiqqaa hin fottoqsu.

## SADARKAA TAJAAJILAA

Maappiin qabatee jiru gosoota cabbie adda addaa agarsiisa daandiiwwan  kanneen warqee fi emeraaldii dha.

Daandiiwwan warqee: kanneen sadarkaa naannoo irratti hospitaalotaaf, baasiif, konkolaataa guddaaf fi qacartoota ijoof barbaachisani dha. Kaayyoon SDOT daandii guutummaa kallattii hunda irratti sa'atii 12 keessatti osoo cabbiin roobuullee karaa qulqullu taasisuu dha.

Daandiiwwan emeraaldii: daandiiwwan sadarkaa magaalaatti hospitalotaaf, baasiif fi tiraafikaaf barbaachisani dha.  Kaayyoon SDOT daandii kallattii lamaan irratti sarara tokko qofaa sa'atii 12 keessatti osoo cabbiin roobuullee karaa qulqullu taasisuu dha.

## SIRNA BAASIIN QINDEESSUU

SDOT fi Kiing Kaawuntii Meetiroo Tiraanziit fedhii konkolaachisuu hawaasaa guutuuf daandiiwwan mijatoo ta'uu isaanii mirkaneessu. Daandiiwwan cabbie kanneen yeroo roobaa Meetiroon itti fayyadamuu danda'an ni dabalata.


## DAANDIIWWAN BIROO

Daandiiwwan kanneen SDOTn fottoqsuu ykn ashaboon yaaluu hin dandeenye ni jiru. Kunneen daandiiwwan yeroo baayee tajaajila hin kennine fi tulluu irra jiran hawaasaaf nagenyaaf filatamoo kan hin taane fi yeroo cabbie konkolaataa SDOTf illee kan hin mijanne dha.

Hojjettoonni keenya yeroo cabbie daandiiwwan kam akka mijatoo hin taane ni beeku. Kanaafuu bukkee daandiiwwan kanaa irratti ganni yeroo jalqabu mallattoolee Daandiin Cufame agarsiisan kaa'u. poolisiin Siyaatil daandiin nageenyaaf sodaachisaa akka tahe yeroo murteessan, mallattoo cufiinsa daandii walakkaa kaa'u.

Nageenya keessaniif, mallattoo karaan cufameera jedhu kabajuu fi karaa nagaa fakkaatullee dhiisuun dirqama dha. Cabbie jala ykn achi siiqee balaan sirra gahuu danda'a.

Kutaa kaabaa maappii 1 kan 2



**Kutaa kibbaa maappii 2 kan 2**

